



GRADE 7&8 OROMIC AND OROMO EDUCATIONAL WEB

<https://t.me/oromialearning> AND <https://t.me/grade7oro>

GAAFFIILEE KEEMISTIRII MARSAA 1FFAA

1. Bu'aa barnoota keemistirii kan hin ta'e kami?
 - A. xaa'oo
 - B. keeroosii
 - C. farra ilbisoota
 - D. Deebii hin qabu
2. Kanneen armaan gadii kessaa amalli fiizikaala safarsmuu danda'u kami?
 - A. Hallu
 - B. Rukkina
 - C. Foolii
 - D. Dhamdhama
3. Itoophiyaa kessaatti warshaan soodaa ashii eessatti argama?
 - A. Zuwaay
 - B. Awaasaa
 - C. Finfinnee
 - D. Awaash malkaasa
4. Hanga waan tokko qabee isaatiif hiruun kan argamuu kamii?
 - A. Rukkina
 - B. Qabxii baqinna
 - C. Qabxii danfina
 - D. Bulbulamumma
5. Amala wantoota dhangala'oo kan hin ta'in kami?
 - A. Yaa'uu

- B. Qabee qabaachuu
 - C. Boca qabaachuu
 - D. AfiC'n sirrii dha.
6. Kanneen armaan gadii keessaa dabarsoo ifaaf gaarii kan ta'ee isa kamii?
- A. Waraqaa zayitaa keessaa cuubamee
 - B. Guullee
 - C. Qilleensa
 - D. Bishaan
7. Sadarkaa quuqinnaa fi lallaafina irratti hundaa'uun wantoota kan addaan basnu?
- A. Cimina
 - B. Teekischeera
 - C. Dhandhama
 - D. Rukkina
8. Faalkaa wantoota qabee murtaa'a qabu garuu boca murtaawaa hin qabne isa kamii?
- A. Dhangala'oo
 - B. Jajjaboo
 - C. Gaasii
 - D. Pilaazmaa
9. Qabxii teempireecharaa altokkotti falkaa jajjaboo fi dhangala'oon itti argamuu _____jedhama?
- A. Qabxii danfinaa
 - B. Baqinaa
 - C. Qabxii qorrinaa
 - D. Qabxii dippoozishinii
10. Makoota armaan gadii keessaa kan mala dhullee dhiiltuu dhaan gargar dhiilamu kami?
- A. Bishaanii fi zayita nyaataa
 - B. Bishaanii fi alkoolii
 - C. Ashaboo fi bishaan
 - D. Aannanii fi bishaan
11. Walnyaatinsa haayidiroojinii fi naayitiroojinii irraa amooniyaan yommuu uumamu walqixxaattoo keemikaalaa sirriin isa kami?
- A. . $H_2 + N_2 \rightarrow NH_3$
 - B. . $3H + N_2 \rightarrow 2N$
 - C. $3H + N \rightarrow NH_3$
 - D. $3H_2 + N_2 \rightarrow 2$
12. . Saayintistiin jalqaba tiyoorii atoomawaa yaalii irratti hundaa'e dhiyeesse eenyu?
- A. Daaltan
 - B. . Dimookiraata

- C. Lavooyizari
 - D. D. Ariistootil
13. Qabxii sablimeeshinii fi _____ qabxii teempireechara tokko irratti argamu.
- A. Qabxii danfinaa
 - B. Qabxii dippoozishinii
 - C. Qabxii baqinnaa
 - D. Deebii hin qabuu
14. Wanti baay'ee laafaan ta'ee isa kami?
- A. Taalkii
 - B. Daaymondii
 - C. Warqii
 - D. Giraafaayiti
15. Kanneen armaan gadii keessaa jijjirama keemikaalaa kan ta'ee isa kami?
- A. Daakamuu salfarrii
 - B. Baquu cabii
 - C. Gubachuu waraqaa
 - D. Danfuu bisaanii
16. Jijirama keemikaalaaf sababa ta'uu kan hin dandeenye isa kamii?
- A. Annissa ifaa
 - B. Annissa hoo'aa
 - C. Annisaa elektirikii
 - D. Deebii hin qabuu
17. Dhangala'oo gara jajjaboo
- A. Baqsuu
 - B. Danfisuu
 - C. Kirtaalaayzeeshinii(qorrisiisuu)
 - D. Risablimeeshinii
18. Gaasii gara dhangala'oo
- A. Qorrissisuu
 - B. Sablimeeshinii
 - C. Kondensaayzation
 - D. AfiC
19. Gaasii gara jajjaboo
- A. Risablimeeshinii(dipoozishinii)
 - B. Baqsuu
 - C. Danfuu
 - D. Hundhuu

20. Makoota armaan gadii keessaa makaan gos-tokkee kan ta'e isa kami?

- A. Annaa
- B. Biyyee
- C. Bulbula sukkaaraa
- D. Makaa daakuu walkaa fi ayanii.

21. Makaa bishaanii fi zaytii gargar dhiluuf kan gargaaru kamii?

- A. Dhimbiibuu
- B. Calaluu
- C. Diskileeshinii
- D. Kirtaaleessuu

22. Elementiin molokiyul ataam lamee kan ta'e kamii?

- A. Cl
- B. P
- C. S
- D. C

23. Moolokiyuliin haaydiroojini Afurii ($4H_2$) atoomii meeqa qaba?

- A. 4
- B. 16
- C. 8
- D. 2

24. Molokiyuuliin atoom lamee kan ta'e kamii?

- A. He
- B. Ar
- C. N_2
- D. Xe

25. $2 H_2SO_4$ Kessattii atoomoota meeqaatu jira?

- A. $2 \times 6.02 \times 10^{23}$
- B. $8 \times 6.02 \times 10^{23}$
- C. $14 \times 6.02 \times 10^{23}$
- D. 56

26. Vaalansiin ayanii (Fe) kompaawundii FeO kessaattii meeqa?

- A. 1
- B. 2
- C. 3
- D. 0

27. Foormullaan keemikaalaa meerkuurii (II) Kilooraayidii kamii?


- A. HgCl
- B. $HgCl_2$

- C. Hg_2Cl
D. Hg_2Cl_2
28. Foormullaan keemikaala Kaarboon teetraa kilooradii kami?
A. CCl_3
B. CCl_4
C. CCl
D. CCl_2
29. Walnyaatinsa $\text{P} + \text{O}_2 \longrightarrow \text{P}_2\text{O}_5$ keessaatti ida'amni kofishantii erga walmadalamee booda meeqa?
A. 9
B. 6
C. 12
D. 8
30. Kanneen armaan gadii keessaa atmoosfeeriin kami?
A. Ne
B. S
C. P
D. Cl_2
31. Lakkoofsi oksideeshinii Atoomii walabaa meeqa?
A. 0
B. +1
C. -1
D. Hin qaban
32. CaHPO_4 keessatti elemeentii meeqaatu jira?
A. 3
B. 4
C. 5
D. 6
33. Kaneen armaan gadii keessaa ayoonii gad lakkisuun uumama.
A. Anaayoonii
B. Kaataayoonii
C. Ayoonii negtivii
D. Ayoonii bilisa
34. Wantoota armaan gadii bishaan keessaatti kan hin bulbulamne isa kamii?
A. Keeroosiin
B. Ashaboo
C. Shukkaara
D. Alkoolii

35. Oksaayidii asiidoo beezawoo kan ta'ee isa kami?
- Al_2O_3
 - CaO
 - MgO
 - Fe_2O_3
36. Perooksaayidii+Asiidii $\longrightarrow$ _____ + _____
- Ashaboo+Bishaan
 - Haaydiroojiin perooksaayidii+ bishaanii
 - Ashaboo+Haaydiroojiin perooksaayidii
 - Ashaboo + oksaayidii asiidawoo
37. Oksaayidii hinbaabsawoo kan hin taanee kamii?
- CO
 - NO
 - N_2O
 - NO_2
38. Oksaayidootni ashaboo umtoota kan hin taane isa kami?
- Oksaayidoota Beezawoo
 - Oksaayidoota Asiidawoo
 - Oksaayidoota hinbaabsawoo
 - Perooksaayidoota
39. Asiidii vingarrii keessa jiru mal jedhama?
- Itaanoolik asiid
 - Aseetik asiid
 - Foormiik asiid
 - AfiB'n deebii dha.
40. Yoo HCl 'n waraqaa litimasii, meetiyil oreengii fi feenoolfiitatti irratti gad nammee jijiramni halluu wantoota kana duraa duubaan kam ta'a?
- Diimaa , Diimaa,halluu dhabeessa
 - Burtukaana, keelloo, dimaa
 - Diimaa, burtuukaana, halluu dhabeessa
 - Diimaa, keelloo, Burtukaana.
41. Gatii ph Asiidii fi Beezii wal duraa dubaan kami?
- 7ol fi 7gad
 - 7 gadi fi 7
 - 7fi 7ol
 - 7gadi fi 7 ol
42. Asiidootni kaarboonetoota waliin yeroo walnyaatan maal kenna?
- Ashaboo fi Haaydiroojiinii

- B. Oksaayidoota Sibiilala
C. Oksaayidoota Sibiila
D. Ashaboo fi bishaan
43. Oksaayidoota armaan gadii kessaa Gatiin ph isaa torba kan ta'e kamii?
A. N_2O
B. CO_2
C. Li_2O
D. NO_2
44. GATIIN PH buna 50° irratti danfee 6.45 bunichi
A. Beezii
B. Asiidii
C. Hinbaabsawoo
D. Ashaboo
45. Kanneen armaan gadii keessaa kan waraqaa litimasii diimaa gara cuqulissaa jijjiruu isa kamii?
A. H_2SO_4
B. $Ca(OH)_2$
C. H_2O
D. $CaCO_3$
46. Gosti asiidii bishaan keessatti sadarkaa ol'aanaan ykn guutumaagutuutti ayoonaan'an
A. Asiidii cimaa
B. Asiidii dadhabaa
C. Asiidii cunqoo
D. Asiidii callabbaa'aa
47. Asiidii bishaan dhabeessa + bishaanii $\longrightarrow$ _____
A. Asiidii
B. Ashaboo
C. Beezii
D. Karbooneeti
48. Asiidiiin dukkaa'oo tolchuuf gargaaruu isa kamii?
A. HCl
B. HI
C. HNO_3
D. H_2S
49. Wantoota armaan gadii keessaa fakkeenya beezii cimaa ta'ee kami?
A. $Al(OH)_3$
B. $Mg(OH)_2$
C. $NaOH$

- D. NH_3
50. Wantootaa armaan gadii keessaa fakkeenya beezii Dadhabaa ta'ee kami?
- A. RbOH
- B. Mg(OH)_2
- C. NaOH
- D. NH_3
51. Kanneen armaan gadii keessaa kamtuu dhugaadha.
- A. Beeziin cunqoon beezii cimaadha.
- B. Beeziin dhadhabaan beezii bishaan keessaatti sirritti bulbulamu fi ayoona'uu dha.
- C. Beezii cunqoo fi asiidiin cunqoo asiidii dhabaa fi beezii dhadhabaadha.
- D. Beeziin cimaa beezii bishaan keessaatti sirritti bulbulamu fi ayoona'uu dha.
52. Kanneen armaan gadii keessaa nyaata biqilootaa maayikrooniwutrantoota kan ta'e isa kamii?
- A. Walgaa(S)
- B. Kaalsiyeemii(Ca)
- C. Ayiranii (Fe)
- D. Potaasiyeemii (K)
53. Hayyuun yeroo jalqaabaaf yaadrimee Atoomii kan jalqabee isa kammii?
- A. Ariistootil
- B. Pilaatoo
- C. Dimookratas
- D. Taalees
54. Hangiin atoomii hanga _____ti.
- A. Niiwutiroonoota
- B. Piirootoonoota
- C. Niikulaasoota
- D. Elektiroonii
55. Danaan armaan gadii kana irratti hundaa'uu rabsii elektiroonawaa kun kan elementii kamiiti?



- A. Pootaasiyeemii (k)
 - B. Foosfarasii (p)
 - C. Oksijiinii(O)
 - D. Salfarii (S)
56. Gulaantaan aniisaa “O” lakkoofsa elektiroonootaa meeqaa ba’achuu danda’a?
- A. 64
 - B. 40
 - C. 50
 - D. 72
57. Lakkoofsi atoomawaa=_____ =lakkoofsa elektiroonawaa
- A. Pirootoonii
 - B. Niwtiroonii
 - C. Hanga Atoomawaa
 - D. Elektiroonota
58. Elemeentiin lakkoofsi hangaa isaa 22 fi lakkoofsii atoomawaa isaa 10 ta’e lakkoofsi niwtiroonota meeqa ta’a?
- A. 12
 - B. 11
 - C. 10
 - D. 13
59. Hangii atoomii haga_____ ti.
- A. Pirootoonii
 - B. Niwtiroonii
 - C. Niiwkulaasi
 - D. Elektiroonota
60. Ayoonnii pozootiviin atoomii tokkoo “ X^{+2} ” elektiroonota 10 fi niwtiroonootaa 12 qaba. Waa’ee atoomii kanaa kan sirrii ta’e kamii ?

- A. Lakkoofsi hangaa isaa 2
 - B. Lakkoofsii atoomawaa isa 12
 - C. Lakk.vaalaansii 3
 - D. Lakk,pirootonii 10
61. Ayisootoopponnii Elemeentoota _____ garaagara qabu.
- A. Lakkoofsa Atoomawaa
 - B. Lakkoofsa Niwukilaasii
 - C. Lakkoofsa pirootoonootaa
 - D. Lakkoofsa vaalansii
62. Elemetiin lakkoofsa hangaa fi lakkoofsa atoomawaa elemeentoota hanga ammaa argamaan irraa caalu qabu kami?
- A. Oganessoon
 - B. Nihooniyeemii
 - C. Mooskooviiyeemii
 - D. Teenesinaa
63. Atoomiin $^{24}_{12}\text{Mg}$ sheelii “M” irraa elektiroonootaa meeqa?
- A. 8
 - B. 2
 - C. 6
 - D. 4
64. Elemeentii lakkoofsi vaalaansii isaa -1 ta’ee fi lakkoofsi atoomawaa isaa 9 ta’e garee meeqaffaa keessaatti argama?
- A. VIIA
 - B. VIA
 - C. VA
 - D. IA
65. Enyuuttuu elektiroonii yeroo jalqabaaf argatee ?
- A. JJ.Tomsaan
 - B. Ernast godinesteinu
 - C. Jamsi chaadwiiktu
 - D. Roobert mikaan
66. Enyuuttuu pirootonii yeroo jalqabaaf argatee ?
- A. JJ.Tomsaan
 - B. Ernast godinesteinu
 - C. Jamsi chaadwiiktu
 - D. Roobert mikaan
67. Enyuuttuu niwutiroonii yeroo jalqabaaf argatee ?
- A. JJ.Tomsaan

- B. Ernast godinesteinu
 - C. Jamsi chaadwiiktu
 - D. Roobert mikaan
68. Qaamni atoomii bakki elektiroonoonni itti argaman maal jedhama ?
- A. Niwukilasii
 - B. Nikuloonsii
 - C. Gulantaa anniisaa
 - D Keessoo atoomaawaa
69. Himoota armaan gadii keessaa kan qaama Tiyyoorii Daaltan **hin ta'in** isa kami?
- A Tokkoon tokkoo elementii atoomii mataa isaa qaba.
 - B Atoomonnii elementii tokkoo gama hundaanuu walfakkaatu.
 - C Maatariin hunduu suudoowwan xixiqqoo atoomota jedhaman irraa ijaaraman.
 - D Atoomoni suudoowwan cita atoomaawaatti hiramuu/caccabuu danda'u.
70. Meendiliivii elementoota yeroo sana beekaman kan gabatee peeredikii keessatti ramade, akka dabala _____ isaaniitti.
- A hanga atoomaawaa
 - B lakkoofsa pirootoonotaa
 - C lakkoofsa elektiroonotaa
 - D lakkoofsa atoomaawaa
71. Bu'a-qabeessummaan gabatee peeredikii Meendiliivii kan mirkaneeffame maaliin ture?
- A Saayintistoota birootiin battaluma fudhatama argachuu isaatiini.
 - B Abuuramuu elementoota amaloonni isaanii gabaticha keessatti raagameeniin.
 - C Abuuramuu suudoowwan cita-atoomiitiini.
 - D Abuuramuu niwukilasiitiini.
72. Abuuramuun gaasota luujii Gabatee peerediikii Meendiliivii irratti maal dabaluun gabaticha jijjiire ?
- A Garee tokko
 - B Tarree tokko
 - C Gulantaa tokko
 - D Dalgee tokko
73. Elementiin lakkoofsi atoomaawaa isaa 13 ta'e, gabatee peeredikii keessatti garee fi tarree kam keessatti argama?
- A Garee IIIA fi tarree 2
 - B Garee IIIA fi tarree 3
 - C Garee IIIA fi tarree 4
 - D Garee VA fi tarree 4

74. Raabsi elektiroonaawaa foosfarasii 2,8,5. Foosfarasiin garee kam keessatti argama?

A IIIA

B VA

C IVA

D VIA

Yoo deebii kee siif sororruu barbaaddee deebii kee gama e-mailii keenyaan nuuf erguu dandeessaa.

E-mail :- educationoromo@gmail.com